Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Masaraa Guddicha Nahiimiyaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Ahashweros saba jabaa addunyaa bulcheedha.
Mootiin Artashaastaan Ahashweros bulche.
Kun mootii jabaaaddunyaa bulche isa jechisiisa.
Gargaartoti mootii kanaa keessaa inni tokko
nama Israa'eel maqaansaa
Nahiimiyaa jedhamuudha.
Nyaata summaa'e irraa
mootii eeguuf hojiin isaa
nyaata mootiin nyaatu
dhamdhamatee ilaaluudha.

Guyyaa tokko Nahiimiyaan fuula baayyee gaddeen fuula mootii dura dhufe. Mootiin waan Nahimiyaan ta'e baruu barbaade. "Barabaraan jiraadhu mootii," jedhe Nahimiyaa. "Mandarri abboonnii koo itti awwaalaman jijjigee bade, karri ishees ibiddaan gubamee utuu maaliif garaan koo hin gadduu ree." Nahimiyaan waa'ee Yerusaalem ishee waggoota baayyee dura lolaan badde dubbataa ture.

“Maal jaalata?” jechuun Mootii Artashaastaan gaafate. “Gara Yerusaalem deemee deebisee ijaaruu,” jechuun Nahimiyaan deebiseef. Mootiin Artashaastaan garraamummaan tole jedheen. Imla isaaf xalayaa darbiinsaa isa barbaachisu caafee laateef.

Mootichi itti dabalee in gargaare Asaaf isa bosona mootii eegutti xalayaa caaffee laateef. Asaaf Masaraa ijaaruuf gaattiraa Nahimiyaan barbaadu akka hindhorkineef Asaafitti qajeelfami laatame.



Yerooo Nahimiyaan Yerusaalemiin ga'u, oggantoota magaalichaa walitti qabee, "Nuti bakka kanatti rakkina keessa jirra," jedhe. "Bakki awwaalaa fi karri isee gubateera. Deebisnee ijaaruu ha'eegallu jedheen."

Hundaan ol nama dhiibbaa uumuu danda'u mootii Artashaastaa fudhatama argachuu isaa itti himee Waaqayyos gara isaanii akka te'e walqabsiisee dubbate.

Amantii fi dhugummaan Nahimiyaa ummta onnachiise. "Deebisnee haa ijaarru jechuun itti waliigalan." Tokkoon tokkoon isaanii toora masaraa isaan ijaaran adda baasee Nahimiyaan itti hime.



Garuu, deebisanii ijaarutti kan walii hingalles namootin tokko tokko turaniiru. Namichi Sanbalaaxi fi hiriyooti isaa lama Xobiiyaa fi Geshem nuti Israaelota miti masaraa

deebisanii ijaaruutti akka walii hingalle dubbatan.

Akkuma hojichi eegaleen Sanbalaaxi in aare. Isaafi hiriyoonni isaa warra Israa'elitti ga'isan. "Masaraa isaan ijaaran kana waangoon utuu yaabde in caccabsiti," jedhe Xobiiyaan. Nahimiyaan garuu deebii tokko illee hin deebisneef. Bakka deebii laachuu Waaqayyo akka isaan waliin ta'u kadhate.

Ga'isaa fi arabsoon isaanii dhiibba tokko illee isaan irratti hin uumne, hamma danda'an Yerusaalemiin ijaaruuf waliin ta'an. Ammas Nahimiyaan gargaarsa Waaqayyoon kadhate. Eedduu guyyaaf halkanii dhaaban.



Isaraa'eloon utuu hin dadhabin jabaatanii hojjetan. Namooti muraasin utuu isaan hojiitti jiranii diinoti isaanii dhufanii ajjeesu jedhanii sadaatanii turan. Haga ammaatti Nahimiyaan piroojekiticha hin dhaabine. Naannawaa namoota hojicha hojjetanii eegidota kaa'uun akka Waaqayyo gara isaanii jiru isaan yaadachiisaa Waaqayyo diina isaanii isa kamiinu caalaa humna qabeessa ta'u hime!




Nahimiyaan fakkenya gaarii ta'uu barbaada.
Saba Yerusaalem irraa nyaataa fi qarshii gaafachuuf mootiin Artashaastaa Nahimiyaa bulchaa Yerusaalem gochuu barbaada, garuu inni gochuu dide.

Akka isaan masaricha deebisanii ijaaraniif cimee gara saba sanaa ta'uun hojjete. Nyaata illee bituuf qarshii dhuunfaa isaa fayyadamaa ture.

Xumura irratti, sabin masaricha ijaaree xumure, balballi isaa karra seensaa guddaa irraan itti ba'e. Sanbalaaxi fi hiriyooti isaa lama Xobiiyaa fi Geshem yeroo dhaga'an Nahimiyaa midhuuf karoora baafatan.

Bakka Onoo bakka jedhumutti Nahimiyaa quunnamuuf dhaamsa itti ergan. Ta'us garuu Nahimiyaan magaalaa baasanii miidhuuf akka isaan yaadan waan bareef hojicha dhiisee daawwaannaaf isaan waliin akka hindeemne deebii ergeef.

Masarichi ijaarame xumurame, akka balaa irraa eeganiif



masaraa ijaarameef Nahimiyaanis eegidota dhaabe.

Hamma aduu gaariin ba'utti karri seensaa akka hin banamneef seera baase.



Halkan in cufama.

Amma magaalattiin nagaadha, Israa'elooti dhiisanii deeman kutaa biyya lafaa gara garaa irraa Yerusaalemitti deebi'an. Rakkoo baayyeen isa dura gorus, Nahimiyaan hojii Waaqayyo akka in hojjetuu itti laate xumuramuu isaatti gammade. Biyya Yerusaalem keessa taa'uun Waaqayyoof akka abboomamaniif yeroo hundumaa saba gargaare.

Masaraa Guddicha Nahiimiyaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Nahimiyaa

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16